



Waajjira Barnootaa Godinaalee 21fi Bulchiinsa Magaalotaa 23tiif

B/J

Dhimmi: Qajeelfama Jijjiirraa Barsiisotaafi Hoggansa Manneen Barnootaa Isiniif Erguu ta'a.

Biiron Barnootaa Oromiyaa Waldaa Barsiisootaa Naannoo Oromiyaa waliin ta'uun qajeelfama jijjiirraan barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa ittiin gaggeeffamu fooyyesuun qopheessee jira. Bu'uuruma kanaan maanajimantiin Biiroo Barnootaa Oromiyaa waltajjii idilee guyyaa 19/11/2018 gaggeesseen qajeelfama jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa qophaa'e irratti marii erga gaggeesseen booda qajeelfamicha mirkaneessee jira.

Kanaafuu qajeelfama jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa fooyya'ee qophaa'e fuula 26 waan isiniif ergineef qajeelfamicha irratti hawaasa barnootaa hundaaf hubannoo uumuun hojiirra akka oolchitan cimsinee isin beeksifna.

Nagaa Wajjiin!

G/G
Dr. Tolaa Bariisoo Gadaa
Hogganaa Biiroo Barnootaa
Oromiyaa



- Daarektoreetii Sagantaa Barnootaa Bu'uura Bofuutiif
- Daarektoreetii Sagantaa Barnootaa Sadarkaa 1ffaatiif
- Daarektoreetii Sagantaa Barnootaa Sadarkaa 2ffaatiif
- Daarektoreetii Sagantaa Barnootaafi Teknolojiitiif
- Daarektoreetii Balchiinsa Qabeenya Namaatiif

BBO

- Waldaa Barsiisotaa Naannoo Oromiyaatiif

Finfinnee



**Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo
Barnootaa Oromiyaa**

**Qajeelfama Jijjiirraa Barsiisotaafi Hoggansa Manneen
Barnootaa Fooyya'ee Bahe Lakk.12/2018**



**Adooleessa, 2018
Finfinnee**

Barbaachisummaa

Barnoota qulqullina qabu kennuun bu'aa barnootaa sadarkaa olaanaatti ceesisuuf barsiisotaafi hoggansi manneen barnootaa gahee murteessaa qabu. Milkaa'ina hojii barnootaa ittifufsiisuuf bulchiinsa barsiisotaa ammayyeessuu barsiisota gahumsa, kaka'umsaafi naamusa qaban manneen barnootaa keessatti horachuun dhimma xiyyeeffannoon irratti hojjetamuu qabuudha. Bulchiinsa barsiisotaa fooyyeessuuf hojimaata jijjiirraa barsiisotaa iftoomina qabu diriirsuu waan gaafatuuf qajeelfamni jijjiirraa barsiisotaa hojiirra jiru fooyyeessuun barbaachisee jira.

Hanqinaaleefi gochaalee alnaamusummaa adeemsa jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa keessatti mul'ataa turan furuuf komiiwwan rakkoo bulchiinsa gaarii ta'an hiikuuf adeemsa jijjiirraan barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa ittiin gaggeeffamu bu'uura irraa jijjiiruun barbaachisaa waan ta'eef,

Amantaa hawaasni barnootaa jijjiirraa barsiisotaafi hoggansi manneen barnootaa raawwatamu irratti qaban dabaluuuf jijjiirraan barsiisotaa teknoloojiin deeggarama karaa tuttuqaa namaa irra bilisa ta'een raawwachuun barbaachisaa waan ta'eef;

Kanaafuu, qajeelfamni jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa hojiirra jiru hanqina waan qabuuf qaawa kana sirreessuun hojimaata barsiisoonni baasiifi bu'aa bahii malee iddoo hojii isaanii taa'anii jijjiirraa itti guutan, komii jijjiirraa irratti qaban deebii itti argatan diriirsuufi haala mijjeessuun murteessaadha.

Biiron Barnoota Oromiyaa akkaataa bu'uura labsii Qaamaolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan gurmeessuu, aangoofi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe, labsii lakk. 242/2014 Keewwata 73 keewwata xiqqaa 3 kennameefiitiin qajeelfamni kun fooyya'ee akka qophaa'u ta'ee jira.



Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

1.1 Mata Dure Gabaabaa

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Jijjiirraa Barsiisotaafi Hoggansa Manneen Barnootaa Fooyya’ee Bahe Lakk. 12/ 2018” jedhamee waamamuu nidanda’a.

1.2 Hiika Jechootaa

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, qajeelfama kana keessatti:

1. **”Naannoo”** jechuun Naannoo Oromiyaati.
2. **”Mootummaa”** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
3. **”Biirroo”** jechuun Biirroo Barnootaa Oromiyaa jechuudha.
4. **Naannoolee”** jechuun Caaseffama Mootummaa Federaalaa kan Naannooleefi Bulchiinsa Magaalotaa Ittiwaamamni isaanii Federaalaaf ta’an jechuudha.
5. **”Waajjira Barnootaa”** jechuun caasaa mootummaa sadarkaa Godina, Aanaa, Bulchiinsa Magaalaafi Kutaa Magaalaa irratti gurmaa’anii hojii barnootaa raawwatan yookiin gaggeessan jechuudha.
6. **”Dhaabbilee Barnootaa”** jechuun manneen barnootaa mootummaa Bu’uura Boruu hanga sadarkaa 2ffaatti hojii baruufi barsiisuu gaggeessan jechuudha.
7. **”Bulchiinsa Magaalotaa”** jechuun Magaalaa qaamni seerummaa kennameef ta’ee mana maree, mana maree bulchiinsaa, qaama aangoo abbaa seerummaa qaban kan Meetiropoolis, Riijiyoopolis, Muummee, Olaanaa, Giddugaleessaafi Guddattuutti hundeeffaman jechuudha.
8. **”Barsiisaa”** jechuun hojjetaa mootummaa dhaabbata barnoota olaanoo irraa gosa barnootaa manneen barnootaa keessatti kennamuun leenji’anii manneen barnootaa mootummaatti hojii baruu barsiisuu gaggeessaa jiran jechuudha.
9. **”Hoggansa Manneen Barnootaa”** jechuun manneen barnoota mootummaa keessatti hojii barnootaa olaantummaan kan hogganan dura bu’aa, itti aanaa dura bu’aafi supparvaayzara manneen barnootaa jechuudha.
10. **”Jijjiirraa Waliigalaa”** jechuun jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaaf sababaafi ragaa irratti hundaa’uun Aanaa yookiin Godina yookiin Bulchiinsa Magaalaa tokko irraa Aanaa yookiin Godina yookiin Bulchiinsa Magaalaa birootti dorgommiin raawwatamuudha.
11. **”Jijjiirraa Keessoo”** jechuun jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa Godina yookiin Aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa tokko keessatti



mana barumsaa tokko irraa gara mana barumsaa birootti dorgommiin gaggeeffamu jechuudha.

12. **"Jijjiirraa Waliinii"** jechuun jijjiirraa barsiisotni yookiin hooggansi manneen barnootaa mana barumsa garagaraa hojjachaa jiran lama mindaa, sadarkaa barnootaafi gosa barnootaa yookiin akaakuun hoggansa isaanii walfakkaatu iddoo hojii waljijjiiruun hojjechuuf gaaffii isaan dhiyeessan irratti hundaa'ee jijjiirraa raawwatamu jechuudha.
13. **"Ragaa Fuudhaafi Heerumaa"** jechuun gaa'ila seera qabeessa qabaachuu barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa jijjiirraa gaafatanii kan ibsu; ragaa fuudhaafi heerumaa Ejeensii Galmeessa Siviilii irraa kennamu jechuudha.
14. **"Koree"** jechuun koree jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa Biiroo Barnootaa, Godina, Bulchiinsa Magaalaafi Aanaa irratti hundaa'uun sirrummaa ragaa jijjiirraa hordofuufi mirkaneessan jechuudha.
15. **"Jijjiirraa Sababa Dhibee"** jechuun dhukkuba barsiisaa yookiin hoggansa manneen barnootaa akkasumas, maatii isaa irra gaheef Hospitaala Riifaraalaa Mootummaa irraa ragaa Boordii Hospitaalaatiin kenname irratti hundaa'uun fedhii jijjiirraa ittiin guutamu jechuudha.
16. **"Jijjiirraa Sababa Rakkoo Addaa"** jechuun sababa rakkoo lubbuu barsiisaa yookiin hoggansa manneen barnootaa yookiin maatii isaaf sodaachisaa ta'eef iddoo jirutti hojjechaa akka hindandeenye kan ibsu ragaa Komishinii Poolisii Oromiyaa irraa dhiyeeffatuun fedhii jijjiirraa ittiin guutamu jechuudha.
17. **"Jijjiirraa Barbaachisummaa Hojiif"** jechuun jijjiirraa dirqama hojiitiif jecha filatamtoota waldaa barsiisotaafi maatii isaa, maatii barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa bultii addaaf dursi kennameef raawwatamu jechuudha.
18. **"Maatii"** jechuun abbaa manaa yookiin haadha manaa barsiisaa yookiin hoggansa manneen barnootaa akkasumas, ijoollee waliin horatan jechuudha.
19. **"Miidhama Qaamaa"** jechuun nama qaamni (harka, miila, ija, gurra) sababa dhukkubaa, balaa, dhalootaafi sababa birotiin dhabe, garuu baruu-barsiisuu gaggeessuu kan danda'u jechuudha.
20. **"Waldaa Barsiisotaa"** jechuun caasaa Waldaa Barsiisotaa sadarkaa Naannoo, Godina, Bulchiinsa Magaalotaa, Aanaalee, Kutaa Magaalaafi waldaa bu'uura manneen barnootaa irra jiran jechuudha.
21. **"Barnoota Al-kallattii"** jechuun gosa barnoota manneen barnootaa bu'uura boruu hanga sadarkaa 2ffaa daree keessatti hin kennamne, akkasumaas gosti



barnootaa sadarkaa barnootaa ittiin fooyyeffataniifi dura baratan hariiroo walii kan hinqabne yookiin kan walhinfakkaanne jechuudha.

22. **"Xalayaa Deeggarsaa"** jechuun jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa sababa gaa'ilaan guutaniif xalayaa mana hojii mootummaa Aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa haatii manaa yookiin abbaan manaa keessa hojjachaa jiran irraa kennamuuf jechuudha.
23. **"Leenjii qabiinsa daa'immanii"** jechuun dandeettii barsiisuufi kunuunsuu daa'imman bu'uura boruu cimsuuf leenjii barsiisota hojiirra jiraniif yookiin haaraaf ji'a tokkoo fi sanii oliif kennamuuf jechuudha.
24. **"Manneen Barnootaa Bultii Addaa"** jechuun manneen barnootaa hoggansi mana barumsaa, barsiisotnifi barattootni dorgommiin simataman, akkasumas barattoonni keessa oolani buluun baruu-barsiisuu gaggeessan jechuudha.
25. **Manneen Barnootaa Addaa"** jechuun manneen barnoota godinan, bulchiinsa magaalaa yookiin Yunivarsiitiin hundaa'ee barsiisotaafi barattoota dorgomanii darbaniin baruu-barsiisuun keessatti gaggeeffamu jechuudha.
26. **"Kuufama"** jechuun qoodiinsa wayitii barnootaa barsiisotni mana barumsaa barsiisan keessatti qabachuu qaban kan qajeelfama dura bu'ootaafi barsiisotni ittiin hogganaman lakk.1/2016 kutaa lama irratti ibsame jechuudha.

1.3 Ibsa Koorniyaa

Qajeelfama kana keessatti jechi saala dhiiraan ibsame dubartiis nidabalata.

1.4 Daangaa Raawwatiinsaa

Qajeelfamni kun barsiisotaafi hoggansa manneen barnoota Mootummaa Bu'uura Boruu irraa hanga sadarkaa 2ffaa keessa hojjetan hunda irratti raawwatiinsa niqabaata.

Kutaa Lama:

Sadarkaa Jijjiirraan Itti Raawwatamu

- 2.1. Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa bu'uura buruu tokko mana barumsaa bu'uura boruu irraa gara mana barumsaa bu'uura boruu kan birootti jijjiirraa guutuu ni danda'a.
- 2.2. Barsiisaan mana barumsa bu'uura buruu sadarkaa barnootaa dippiloomaa fi isaa ol ta'e gosti barnootaa ittiin leenji'e mana barumsaa sadarkaa1ffaa keessatti ittiin barsiifamu yoo ta'e mana barumsa sadarkaa 1ffaatti jijjiirraa guutuu ni danda'u.



- 2.3. Hoggansi mana barumsa Bu'uura Boruu tokko gosti barnoota ittiin leenji'e mana barumsa sadarkaa 1ffaa keessatti kennamu yoo ta'e barsiisummaan fedhii jijjiirraa guutuu ni danda'a.
- 2.4. Hoggansi manneen barnootaa istaandardii guutan (digrii duraa qabu mana barumsaa sadarkaa 1ffaatti, Digrii 2ffaafi isaa oli qaban mana barumsaa sadarkaa 2ffaatti) jijjiirraa guutuu ni danda'u.
- 2.5. Barsiisan sadarkaa barnootaa sartifikeetii, dippiloomaafi digirii duraa gosa barnoota ittiin leenji'aniin mana barumsaa sadarkaa 1ffaa irraa gara mana barumsaa sadarkaa 1ffaa birootti fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.6. Barsiisonni sadarkaa barnootaa digrii 2ffaa mana barumsaa sadarkaa 1ffaa yookiin Bu'uura Boruu keessa barsiisaa jiran gosti barnoota ittiin leenji'an mana barumsa sadarkaa 2ffaa keessa yoo jiraate, mana barumsa sadarkaa 2ffaa qofatti jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.7. Barsiisonni gosa barnoota al-kallattiin digrii duraa yookiin 2ffaa baratan dippiloomaa yookiin digiriin duraa gosa barnoota mana barumsa sadarkaa 1ffaa keessatti kennamu yoo ta'e, mana barumsaa sadarkaa 1ffaa keessatti dippiloomaa yookiin digrii duraatiin fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.8. Barsiisonni sadarkaan barnootaa isaanii dippiloomaa yookiin digrii 1ffaa ta'ee mana barumsa sadarkaa 2ffaa keessa barsiisaa jiran mana barumsaa sadarkaa 1ffaatti fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.9. Barsiisonni gosa barnoota "teekniishaanii laabiraatoorii" dippiloomaafi isaa ol barataniin mana barumsa sadarkaa 1ffaa keessa jiran, gosa barnoota ittiin leenji'aniin (laabiratooriin) mana barumsa sad. 2ffaatti fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.10. Barsiisonni barnoota Baayiloojii, Fiiziksii, Keemistirii, Saayinsii Uumamaa, Generaalistii, Saayinsii Walsimataan leenji'an **Saayinsii Waliigalaa** irratti fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.11. Barsiisonni gosa barnoota Seenaa, Ji'oogiraafii, Saayinsii Hawaasaa, BLAG, Saayinsii Hawaasaa Gurmaa'aa baratan **Saayinsii Hawaasaa** irratti fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.12. Barsiisonni manneen barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 7-8 gosa barnootaa dhaweessummaafi Teekinikaa barsiisan gosa barnootaa karaa ministeera barnootaa barsiisuu danda'u jadhame (Economics, Business, Marketing Accounting and Management) dhaabbilee barnootaa olaano moottummaa irraa eebbifamanii gosa barnootaa kana barsiisaa jiran dhaweessummaafi Teekinika irratti fedhii jijjiirraa guutuu ni danda'u.



- 2.13. Barsiisonni Barnoota Fedhii Addaa baratan gosa barnoota fedhii addaa itti eebbiffamaniin fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.14. Barsiisotni sadarkaa barnootaa sartafigeetiifi dippiloomaan leenjii qabiinsa daa'immanii fudhatanii mana sadarkaa 1ffaa keessa barsiisaa jiran mana barumsaa Bu'uura Boruutti fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'a.
- 2.15. Barsiisonni manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa sadarkaan barnootaa digrii duraafi isaa olii ta'e manneen barnoota sadarkaa 2ffaa kan birootti jijjiirraa gaafachuu nidanda'u.
- 2.16. Hoggansi manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa istaandardii guutan manneen barnoota sadarkaa 2ffaa birootti hoggansaani jijjiirraa gaafachuu nidanda'u.
- 2.17. Barsiisooni mana barnoota sadarkaa 2ffaa keessatti barnoota hojiifi gochaa barsiisaa jiran gosa barnoota barsiisuu danda'u jedhamee karaa ministeera barnootaa murtaa'een fedhii jijjiirraa mana barumsa sadarkaa 2ffaa birootti gaafachuu ni danda'u.
- 2.18. Barsiisonni Manneen Barnootaa Bultii Addaa sadarkaa 2ffaa keessatti barsiisaa jiran Manneen Barnootaa Bultii Addaa sadarkaa 2ffaa birootti fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.19. Barsiisonni Mana Barumsa Addaa sadarkaa 2ffaa keessatti barsiisaa jiran Mana Barumsa Addaa sadarkaa 2ffaa birootti jijjiirraa guutuu nidanda'u.
- 2.20. Barsiisonni naannoo birootii gara naannoo keenyaa jijjiiramuu barbaadan waliigaltee naannoo keenyaafi naannoo birootiin koree jijjiirraa naannootiin kan raawwatamu ta'a.
- 2.21. Barsiisonni naannoo keenyaa irraa gara naannoo biroo jijjiirraa barbaadan karaa oline fedhii jijjiirraa erga guutan booda koree jijjiirraa naannootiin hojjetamee Hogganaa Itti Aanaa kilaastaraan yoo mirkanaa'e hojiirra oola.

Kutaa Sadii:

Ulaagaalee Jijjiirraa Guutuuf Barbaachisan

3.1. Turtii Yeroo Tajaajilaa

- a) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa Bulchiinsa Magaalaa yookiin Aanaa tokko keessatti mana barumsaa tokko irraa mana barumsaa birootti jijjiirraa guutuu kan danda'u erga qaaxaramee yookiin jijjiirraa argateen booda **waggaa lamaafi isaa ol tajaajiluu** qaba.
- b) Barsiisaan yookiin hoggansi manneen barnootaa Godina yookiin Bulchiinsa Magaalaa tokko irraa Godina yookiin Bulchiinsa Magaalaa birootti jijjiirraa guutuuf erga qaaxarame **waggaa Shaniifi isaa ol tajaajiluu** qaba.



- c) Keewwata kana (b) irratti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, Aanaa yookiin Godina yookiin Bulchiinsa Magaalaa biroo irraa jijjiirraan kan dhufan yoo ta'e, jijjiirraa itti aanu Aanaa yookiin Godina yookiin Bulchiinsa Magaalaa birootti guutuuf **waggaa lamaafi isaa ol** tajaajiluu qaba.
- d) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa tokko Naannoo keenya irraa gara Naannoo kan birootti jijjiirraa guutuu kan danda'u qaxaramee yookiin jijjiiramee erga gara naannoo keenyaa dhufe **waggaa shaniifi ol naannicha** keessatti tajaajiluu qaba.
- e) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa tokko bara barnootaa tokko keessatti jijjiirraa keessoofi jijjiirraa waliigalaa mana barumsaa sadii irratti fedhii jijjiirraa guutuu danda'a.
- f) Keewwata kana (e) irratti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, barsiisaa yookiin hoggansi mana barumsaa tokko bara barnootaa tokkotti jijjiirraa keessoofi waliigalaa fedhii jijjiirraa guutuus tokko qofa argachuu danda'a.
- g) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa naannoo keenya irraa gara naannoo birootti jijjiirraa guutuu barbaadu ulaagaa mosaajii keessa taa'e hordofee 'Online' fedhii jijjiirraa naannoo sadii irratti guutuu nidanda'a.

3.2. Qabxii Dorgommiifi Ulfaatina Kennameef

3.2.1. Qabxii Tajaajilaa (60%)

- a) Qabxiin tajaajilaa jijjiirraa barsiisotaa yookiin hoggansa manneen barnootaaf (60%) keessa kan shallagamu ta'a.
- b) Barsiisaan yookiin hoggansi manneen barnootaa tajaajilli mana barnootaa ala qabu kan gibira mootummaa itti kafalame jijjiirraaf kanaaf ni tajaajila.
- c) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barnootaa hojii addaan muree itti deebi'e tajaajilli hojiirra hinturin jijjiirraaf hin qabamuuf.
- d) Haalli shalaggii tajaajilaa akkaataa gabatee kanaan gadiin ibsame ta'a.

Tajaajila	Qabxii Argatan	Tajaajila	Qabxii Argatan	Tajaajila	Qabxii Argatan
2	3	14	24	26	45
3	5	15	26	27	46
4	7	16	27	28	48
5	9	17	29	29	50
6	10	18	31	30	51
7	12	19	33	31	53
8	14	20	34	32	55
9	15	21	36	33	57
10	17	22	38	34	58
11	19	23	39	35	60
12	21	24	41		
13	22	25	43		



3.2.2. Qabxii Raawwii Madaallii Hojii (10%)

- Madaallii raawwii hojii barsiisaa yookiin hoggansa manneen barnootaa qabxii (10%) keessa kan shallagamu ta'ee, madaalliin fudhatamu kan jiddugaleessaa seemisteera sadeen as dhiyoo walitti aananii ta'uu qaba.
- Filatamtoota waldaa barsiisotaa irraa kan hafe madaalliin barsiisota yookiin hoggansa mana barumsaa hojii baruu-barsiisuu alaa kennamuuf dorgommii jijjiirraa kanaaf fudhatama hinqabu.
- Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa hojii adda muree hojiitti deebi'ee waggaa lama hinguunne yookiin madaallii raawwii seemisteera sadii as dhiyoo hinqabne fedhii jijjiirraa guutuu hin danda'u.
- Haalli shalaggii qabxii raawwii madaallii hojii akka gabatee kanaan gadii ta'a.

Madaallii	10% keessaa	Madaallii	10% keessaa	Madaallii	10% keessaa
70	1.5	80	4.5	90	7.5
71	1.8	81	4.8	91	7.8
72	2.1	82	5.1	92	8.1
73	2.4	83	5.4	93	8.4
74	2.7	84	5.7	94	8.7
75	3	85	6	95	9
76	3.3	86	6.3	96	9.3
77	3.6	87	6.6	97	9.6
78	3.9	88	6.9	98	9.9
79	4.2	89	7.2	99fi ol	10

3.2.3. Qabxii Fageenya Iddoo Hojii (30%)

- Fageenyi iddoo hojii haala qilleensaa, bu'uuraalee misoomaa (daandii, ibsaa, bishaan, fayyaa) giddugaleessa godhatee 30% keessaa shallaguun godinaaleefi bulchiinsa magaalotaa kan ramadaman ta'u.
- Fageenyi Aanaaleen godina isaanii irraa qaban qabxii godina isaaniif kenname bu'uura gochuun ulaaguma kanaan qoodamee kan shallagamu ta'a.
- Barsiisaa yookiin hoggansi mana barumsaa qabxiin fageenyaa jijjiirraa kanaaf ittifayyadamu kan Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa keessa jiruu ta'a.
- Fageenyi iddoo hojii Godinaaleefi bulchiinsa magaalotaa akkasuma, Aanaalee haala gabatee armaan gadiitiin ibsamee jira.

1). Qabxii Fageenya Bulchiinsa Magaalota (Sadarkaa 1ffaa hanga 5ffaa)

1. Qabxii 15%	2. Qabxii 17%	3 Qabxii 18%)	4. Qabxii 19%	5. Qabxii 20%
Bishooftuu	Hoolata	Asallaa	Bul.Mag.Jimmaa	Maayaa
Shaggar	Mojoo	Amboo	Shaashamannee	Bulee Horaa
-	Sandaafaa Bakkee	Baatu	Naqamtee	Najjoo
	Adaamaa	Shanoo	Dodolaa	Shaakkisoo
		Walisoo	Aggaaroo	Moyyaalee
			Roobee	Martuu



2). Qabxii Fageenya Godinaalee (Sadarkaa 6ffaa hanga 10ffaa)

6. Qabxii 21%	7. Qabxii 23%	8. Qabxii 26%	9. Qabxii 28%	10. Qabxii 30%	
Shawaa Bahaa	Arsii	Godina Jimmaa	Harargee Lixaa	Ba.Bahaa	Baalee
Shawaa Lixaa	Arsii Lixaa	Wallagga Bahaa	Wallagga Lixaa	Boorana	Bo.Bahaa
Sh.Kibba Lixaa		H.G.Wallaggaa	B.Beddellee	Gujii	Q.Wallaggaa
Shawaa Kaabaa				G.Lixaa	Ilubaaboor
				H.Bahaa	

3). Qabxii Fageenya Aanaaleen Godina Isaanii Irraa Qaban (30%) Keessaa:

1). Godina Arsii 23%

T.L	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Aminyaa	23	15	Zuwaay Dugdaa	21
2	Asakoo	23	16	Muneessaa	18
3	Magaala Boqojii	17	17	Roobee	19
4	Magaala Dheeraa	17	18	Seeruu	23
5	Magaala Hurutaa	17	19	Shanan Kooluu	23
6	Baalee Gasgaraa	21	20	Siree	18
7	Collee	20	21	Sirkaa	19
8	Digaluu Xijjoo	18	22	Sudee	17
9	Diksiisi	19	23	Xichoo	21
10	Doddotaa	19	24	Xiyyoo	18
11	Gololchaa	23	25	Jajuu	19
12	Gunaa	21	26	Limmuufi Bilbiloo	18
13	Heexosaa	18	27	Loodee Heexosaa	19
14	Honqoloo Waabee	20	28	Martii	23

2) Godina Shawaa Lixaa 21%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Abunaa Gindabarat	21	13	Aanaa Amboo	15
2	Gindabarat	21	14	Dandii	16
3	Miidaa Qanyii	21	15	Ejersaa Lafoo	16
4	Meettaa Roobii	20	16	Ejeree	16
5	Meettaa Walqixxee	20	17	Tokkee Kutaayee	16
6	Daannoo	21	18	Noonnoo	21
7	Dirree Hincinnii	16	19	Walmaraa	16
8	Ilfataa	19	20	Baakkoo Tibbee	18
9	Jalduu	16	21	Calliyaa	18
10	Jibaat	19	22	Iluu Galaan	18
11	Cobii	21	23	Liiban Jaawwii	17
12	Ada'aa Bargaa	18			



3) Godina Iluu Abbaa Booraa 30%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Noophaa	30	8	Halluu	17
2	Diiduu	26	9	Aanaa Mattuu	15
3	Daarimuu	23	10	Bachoo	20
4	Dooranii	26	11	Biloo Noophaa	17
5	Allee Saachii	23	12	Hallee	17
6	Buree	21	13	Hurumuu	17
7	Yaayyoo	19			

4) Godina Harargee Lixaa 28%


TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Ancaar	29	11	Bookee	28
2	Gumbii Bordoddee	27	12	Bu/Diimtuu	30
3	Gubbaa Qorichaa	29	13	Haroo	28
4	Mi'eessoo	27	14	Daaroo Labuu	29
5	Aanaa Ciroo	26	15	Hawwii Guddinaa	30
6	Xuulloo	27	16	Magaala Ciroo	22
7	Doobbaa	28	17	Magaala Baddeessaa	23
8	Shanan Dhugoo	29	18	Magaala Hirnaa	23
9	Gammachiis	27	19	Magaala Galamsoo	24
10	Odaa Bultum	27	20	Machaaraa Miicataa	25

5) Godina Shawaa Kaabaa 21%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Darraa	21	11	Aanaa Sulultaa	19
2	Muloo	21	12	Barak	19
3	A/Nya'aa	21	13	Dabralibaanos	16
4	Jiddaa	21	14	Hidhabuu Abootee	19
5	Qimbibiit	19	15	Gabragurraachaa	13
6	Alaltuu	19	16	Magaala Fiichee	13
7	Wacaalee	19	17	Caancoo	13
8	Giraar Jaarsoo	19	18	Warra Jaarsoo	19
9	Kuyyuu	19	19	Yaayyaa Gullallee	19
10	Dagam	19			

6) Godina Bunnoo Beddellee 28%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Aanaa Beddellee	19	6	Daaboo Haannaa	25
2	Gachii	22	7	Dhidheessaa	25
3	Cooraa	22	8	Makkoo	28
4	Deeggaa	26	9	Cawwaaqa	28
5	Boorecha	26	10	Magaalaa Beddellee	18



7) Godina Horroo Guduruu Wallaggaa 26%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Aanaa Dongooroo	26	8	Horroo Bulluq	20
2	Amuruu	26	9	Jimmaa Gannat	20
3	Abaaboo Guduruu	26	10	Abbayyaa Coomman	20
4	Jaardagaa Jaartee	23	11	Horroo	20
5	Guduruu	23	12	Magaala Shaambu	16
6	Jimmaa Raaree	23	13	Coomman Guduruu	23
7	Sululta Fincaa'aa	23			

8) Godina Arsii Lixaa 23%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Nansaboo	23	9	Shaallaa	18
2	Siraaroo	23	10	Negeellee Arsii	14
3	Adaabbaa	20	11	Magaala Negeellee	14
4	Kokosaa	20	12	Kofalee	14
5	Aanaa Dodolaa	18	13	Magaala Kofalee	14
6	Gadab Hasaasaa	18	14	Wandoo	12
7	Qoree	18	15	Shaashamannee	9
8	Heeban Arsii	18			

9) Godina Wallagga Bahaa 26%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Waayyuu Tuqaa	13	10	Nuunnuu Qumbaa	23
2	Diggaa	13	11	Giddaa Ayyaanaa	23
3	Saasiggaa	23	12	Limmuu	23
4	Leeqaa Duullachaa	16	13	Kiiramuu	23
5	Guutuu Giddaa	16	14	Haroo Limmuu	26
6	Angar Guutee	20	15	Waamaa Haagaloo	26
7	Gobbuu Sayyoo	20	16	Gudayyaa Biilaa	26
8	Jimmaa Arjoo	20	17	Ebantuu	26
9	Sibuu Siree	20	18	Bonayyaa Boshee	23

10) Godina Baalee Bahaa 30%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Daawwee Sarar	30	5	Raayituu	26
2	Daawwee Qaachan	29	6	Gololchaa	25
3	Laga Hidhaa	28	7	Aanaa Gindhiir	22
4	Sawweenaa	26	8	Magaala Gindhiir	21

11) Godina Gujii Lixaa 30%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Malkaa Sodaa	30	6	Surroo Barguddaa	19
2	Hamballaa Waamannaa	30	7	Dugdaa Daawwaa	19
3	Birbirsaa Kojowaa	29	8	Qarcaa	23
4	Galaanaa	26	9	Bulee Horaa	23
5	Abbayyaa	30	10	Magaala Qarcaa	23



12) Godina Shawaa Bahaa 21%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Ada'aa	13	8	Fantaallee	21
2	Aanaa Adaamaa	13	9	Gimbichuu	21
3	Adaamii Tulluu J.Komb.	18	10	Liiban Cuqqaalaa	18
4	Aqaaqii	16	11	Lumee	13
5	Boosat	15	12	Matahaaraa	18
6	Booraa	15	13	Maqii	11
7	Dugdaa	16			

13) Godina Gujii 30%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Adoolaa Waayyuu	11	8	Aagaa Waayyuu	26
2	Adoolaa Reeddee	11	9	Oddoo Shaakkisoo	23
3	Ardaa Jilaa	15	10	Saabbaa Boruu	30
4	Aannaa Soraa	23	11	Waadaraa	23
5	Booree	23	12	Girjaa	30
6	Daamaa	23	13	Uraagaa	23
7	Haroo Walaabuu	23			

14) Godina Baalee 30%


TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Agarfaa	22	6	Gobbaa	19
2	Barbarree	25	7	Gooroo	19
3	Doolloo Mannaa	26	8	Gurraa Dhaamolee	22
4	Diinshoo	19	9	Harannaa Bulluq	30
5	Gasaraa	22	10	Sinaanaa	30

15) Godina Booranaa 30%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Diiloo	30	7	Gomolee	19
2	Guchii	30	8	Elwayyoo	19
3	Taltallee	26	9	Aanaa Yaabeelloo	19
4	Miyoo	26	10	Magaala Yaabeelloo	18
5	Moyyaalee	23	11	Dubulluq	19
6	Dirree	26			

16) Godina Qeellem Wallaggaa 30%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Anfiloo	28	7	Jimmaa Horroo	30
2	Danbidoolloo	11	8	Laaloo Qilee	28
3	Daallee Sadii	26	9	Sadii Caanqaa	25
4	Daallee Waabaraa	26	10	Sayyoo	23
5	Gawoo Qeebbbee	29	11	Yamaaloogii Walal	30
6	Gidaamii	29	12	Hawwaa Galaan	24



17) Godina Harargee Bahaa 30%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Magaala Baabbilee	11	13	Jaarsoo	23
2	Magaala Dadar	14	14	Kombolchaa	13
3	Makkanniisa Oromoo	30	15	Kurfaa Callee	23
4	Baabbilee	15	16	Malkaa Bal'oo	28
5	Baddannoo	23	17	Meettaa	16
6	Dadar	19	18	Qarsaa	15
7	Faadiis	17	19	Cinaaksan	26
8	Giraawwaa	20	20	Gola Odaa	28
9	Gooroo Guutuu	18	21	Maayyuu	28
10	Gooroo Muxxee	20	22	Miidhagaa Tolaa	26
11	Gursum	19	23	Qumbii	30
12	Haromaya	15			

18) Godina Jimmaa 26%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii fageenyaa
1	Limuu Gannat	13	12	Oomoo Naaddaa	16
2	Botor Xollaay	26	13	Qarsaa	7
3	Cooraa Botor	26	14	Saqqaa Coqorsaa	7
4	Deedoo	10	15	Saxxammaa	23
5	Geeraa	23	16	Shabbee Somboo	13
6	Gommaa	13	17	Sigimoo	26
7	Gumaay	16	18	Sokorruu	18
8	Limmuu Kosaa	16	19	Nadhii Gibee	16
9	Limmuu Saqqaa	23	20	Noonnoo Beenjaa	26
10	Mannaa	7	21	Oomoo Beenjaa	26
11	Maanchoo	23			

19) Godina Boorana Bahaa 30%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Magaala Nageellee	18	6	Walaabuu Lixaa	30
2	Liiban	23	7	Hereroo	30
3	Gooroo Doolaa	30	8	Waacilee	30
4	Gumii Eldalloo	30	9	Dhaas	30
5	Madda Walaabuu	30			

20) Godina Wallagga Lixaa 28%

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Ayiraa	22	12	Laaloo Assaabii	16
2	Magaala Gimbii	8	13	Lataa Sibuu	22
3	Magaala Mandii	22	14	Mana Sibuu	25
4	Baabboo Gambeel	26	15	Aanaa Najjoo	22
5	Beegii	28	16	Noolee Kaabbaa	22
6	Boojjii Coqorsaa	22	17	Qilxuu Kilaarraa	22
7	Boojjii Dirmajii	17	18	Qondaala	28



8	Ganjii	22	19	Saayyoo Noolee	25
9	Aanaa Gimbii	14	20	Yuubdoo	25
10	Gullisoo	22	21	Hoomaa	18
11	Haruu	16	22	Jaarsoo	22

21) Godina Shawaa Kibba Lixaa

TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa	TL	Maqaa Aanaa	Qabxii Fageenyaa
1	Ammayyaa	21	7	Sabbata Hawaas	15
2	Bachoo	15	8	Sadeen Soddoo	19
3	Daawoo	18	9	Soddoo Daaccii	21
4	Gooroo	17	10	Tolee	19
5	Iluu	15	11	Aanaa Walisoo	16
6	Qarsaa Maallimaa	19	12	Wancii	18

Kutaa Afur:

Sababboota Jijjiirraa

Jijjiirraan barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa sababa adda addaaf gaggeeffamuu danda'a. Isaan keessaa ijoon kanneen armaan gadiiti.

4.1. Jijjiirraa Sababa Fuudhaafi Heerumaa

- Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa sababa gaa'ilaan jijjiirraa guutu ragaa gaa'ila Eejansii Galmeessa Siviiliitiin kennameef ta'ee, yeroo jijjiirraa guutanitti erga walfuudhan waggaa lamaafi isaa oli ta'uu qaba.
- Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa gaa'ilaan jijjiirraa guutuu kan danda'u Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa haati manaa yookiin abbaan manaa hojjachaa jiru irratti qofa ta'a.
- Keewwata kana (b) irratti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa gaa'illi isaanii mana hojii mootummaa Naannoo Oromiyaafi Federaalaa teessoon isaanii Finfinnee ta'e, Bulchiinsa Magaalaa Shaggar irratti gaa'ilaan fedhii jijjiirraa guutuu nidanda'a.
- Xalayaan deggarsaa dhiyaatu mana hojii mootummaa gaa'illi jiru irraa kan barreeffame ta'ee; guyyaa kenname irraa eegalee ji'a ja'a caaluu hinqabu.
- Barsiisaa yookiin hoggansi mana barumsaa gaa'ila qaban lachuu iddoo tokko (Aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa yookiin Kutaa Magaalaa) hojjechaa kan jiran yoo ta'e fedhii jijjiirraa gaa'ilaan guutuu hin danda'an.
- Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa tokko Aanaa yookiin Bulchiinsa magaalaa gaa'illi jiru keessatti mana barumsaa sadii fedhii jijjiirraa gaa'ilaan guutuu ni danda'a.



- g) Manneen barnootaa Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa xalayaan deeggarsaa gaa'ilaan barreeffameef keessaa bakki duwwaan yoo hinjirre Aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa birootti tajaajilaan guutuu danda'a.
- h) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa sababa fuudhaafi heerumaan fedhii jijjiirraa guutu tokko haadha warraa yookiin abbaa warraa tokko qofaa waliin guutuu danda'a.
- i) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa gaa'ilaan jijjiirraa gaafatu haala Qajeelfama Raawwii Hoggansa Qabeenya Namaa Naannoo Oromiyaa lakk.24/2015 boqonnaa 8 keew. 135 (1) irratti ibsameen qabxii waliigalaa irratti qabxii 5 ida'amee kan dorgoman ta'ee; warra gaa'ila hinqabne waliin qabxiin waliigalaan walqixa yoo ta'e, dursi kan gaa'ila qabaniif kennama.
- j) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa tokko gaa'ilaan fedhii jijjiirraa guutanii naamoota waliin dorgome faana qabxiin waliigalaan walqixa yoo ta'e kan haati warraa yookiin abbaan warraa isaanii barsiiftuu yookiin barsiisaa ta'eef dursi kennama.
- k) Jijjiirraa gaggeeffamu keessatti barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa gaa'ilaan jijjiirraa gaafatan lamaafi ol yoo ta'eefi qabxii waliigalaatiin walqixa ta'an walduraa duubaan taajila, raawwii hojii caalmaa qabaniin adda bahu.

4.2. Jijjiirraa Tajaajilaan Raawwatamu

- a) Barsiisootni yookiin hoggansi manneen barnootaa sababa tajaajilaan fedhii jijjiirraa guutanii dorgomuuf tajaajila iddichaaf barbaachisu guutuu qaba.
- b) Barsiisaa yookiin hoggansi mana barumsaa fedhii jijjiirraa sababa tajaajilaan guutan qabxii waliigalaan walqixa ta'e; dursi dubartiif kennama. Koorinayaa walfakkaataa yoo ta'an; walduraa duubaan taajila, raawwii hojiitiin caalmaa qabuun adda bahu.
- c) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa qaama miidhamaa ta'e jijjiirraaf dorgoman haala qajeelfama Raawwii Hoggansa Qabeenya Namaa Naannoo Oromiyaa lakk.24/2015 boqonnaa 8 keewwata 137 (3) irratti ibsameen qabxii jijjiirraa waliigalaa qaban irratti qabxiin 5 dabalameefii kan dorgoman ta'ee; qabxiin isaanii warra hir'ina qaamaa hinqabne waliin walqixa yoo ta'e, warra hir'ina qaamaa qabaniif dursi nikennama.
- d) Jijjiirraa gaggeeffamu keessatti barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa qaama miidhamaa ta'an lama qabxii waliigalaan walqixa ta'an dubaraaf dursi kennama, kooriyaa walfakkaatu yoo ta'an walduraa duubaan qabxii taajilaa, raawwii hojiitiin caalmaa qabuun adda bahu.



4.3. Jijjiirraa Sababa Dhibeen Raawwatamu

- a) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa yookiin maatiin isaanii sababa dhibeen mudateef fedhii jijjiirraa guutan Hospitaala Riifaraalaa Mootummaa irraa ragaa boordii dooktaroota hospitaalaa sadiin mallattaa'eefi medikaala daarektara hospitaalaatiin mirkanaa'e ta'uu qaba.
- b) Ragaan boordii hospitaala riifaraala mootummaa dhiyaatu guyyaa kennamee hanga jijjiirraa guutuutti waggaa tokko kan hincaalle ta'uu qaba.
- c) Ragaan dhiyaatu godina yookiin bulchiinsa magaalaa yeroo ammaa keessa hojjechaa jiran irraa ta'uu qaba.
- d) Godina yookiin bulchiinsi magaalaa yeroo ammaa keessa hojjechaa jiran hospitaala riifaraala Mootummaa hinqabne yoo ta'e godina yookiin bulchiinsa magaalaa oollaa irraa dhiyeeffachuu nidanda'a.
- e) Ragaan hospitaala riifaraala godina yookiin bulchiinsa magaalaa oolla alaa irraa dhiyaatu xalayaa riifarii ittiin ta'an; ragaa boordii hospitaalaafi xalayaa deeggarsaa waliin dhiyeeffachuu qabu.
- f) Ragaa hospitaala riifaralaa irraa dhiyaatu koreen jijjiirraa barsiisotaa Aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa qulqulleeffachuu qabu.
- g) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa yookiin maatii isaa ragaa haala qajeelfama kana keessatti ibsameen dhiyeeffatee sababa dhibeetiin jijjiirraa guutee yeroo dorgomu haala Qajeelfama Raawwii Hoggansa Qabeenya Namaa Naannoo Oromiyaa lakk.24/2015 boqonnaa 8 lakk.1 irratti ibsameen qabxii waliigalaa irratti qabxiin 5 dabalameefii nidorgoma; yoo qabxiin dorgomtoota biroo waliin walqixa ta'es sababa dhibeen nama dorgomeef dursi nikennama.
- h) Jijjiirraa gaggeeffamu keessatti barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa sababa dhibeetiin jijjiirraa gaafatan lamaafi ol yoo ta'eefi qabxii waliigalaan walqixa ta'an duraa duubaan taajila, raawwii hojiitiin caaluun adda bahu.
- i) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa hojiirra jiruu dhibamee yaalaaf eeyyama kan gaafatu yoo ta'e haala Qajeelfama Raawwii Hoggansa Qabeenya Namaa Naannoo Oromiyaa lakk. 24/2015 boqonnaa 11 keewwata 166 (1-3) irratti ibasameen kan yaalamuu ta'a.
- j) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa sababa dhibeetiin barsiisuu yoo hindandeenye, ragaa boordii irraa dhiyeeffatuun Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa mindaa irraa argatu keessatti haala Qajeelfama Raawwii Hoggansa Qabeenya Namaa Naannoo Oromiyaa lakk. 24/2015 boqonnaa 12 keewwata 170 (1-6) irratti ibsameen fala argata.



4.4. Jijjiirraa Sababa Rakkoo Addaan Raawwatamu

- a) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa jijjiirraa sababa rakkoo addaa lubbuu isaa yookiin maatii isaaf sodaachisaa ta'ee iddoo hojii turuuf rakkisaa ta'e qunname; ragaa Komishinii Poolisii Oromiyaa irraa dhiyaatu fayyadamee fedhii jijjiirraa mosaajiin guutuu ni danda'a.
- b) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa ragaa lubbuu isaafi maatii isaaf sodaachisaa ta'e Komishinii Poolisii Oromiyaatiin kenname fayyadamee fedhii jijjiirraa mosaajiin guutee hin milkofne koree sadarkaan jiruun yoo mirknaa'e Hogganaa Birootiin iddoo walfakkaatutti falli nikennamaaf.

4.5. Jijjiirraa Waliin Waliinii

- a) Jijjiirraan waliinii kan raawwatamu barsiisonni waljijjiiran lamaan sadarkaan barumsaa, gosa barnootaa itti eebiffamaniifi mindaan amma argachaa jiran akkasumas, sadarkaa mana barumsaa irra jiran walfakkaatu ta'e qofaadha.
- b) Jijjiirraan waliinii hoggansa mana barumsaa kan raawwatamu yoo hoggansi mana barumsaa lamaan sadarkaan barumsaa, hoggansaafi sadarkaa mana barumsaa hogganaa jiran kan walfakkaatu ta'e qofa.
- c) Jijjiirraa waliinii guutuun dura iyyata koree jijjiirraa Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa keessa hojjechaa jiraniif dhiyeefachuu qabu.
- d) Koreen jijjiirraa Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa ragaa jijjiirraa dhiyaate ilaaluun walijijjiiruu danda'uu isaanii xalayaadhaan erga mirkaneessan booda ragaa qaban hunda walqabsiisuun mosaajiin fedhii isaanii kan guutan ta'a.
- e) Jijjiirraa waliinii guutuuf barsiisotni yookiin hoggansi mana barumsaa yeroo turtii jijjiirraa qajeelfama kana keessatti eerame guutuun dirqama ta'a.

4.6. Jijjiirraa Barbaachisummaa Hojiitiif Raawwatamu

- a) Jijjiirraan sababa barbaachisummaa hojiitiif barsiisaa yookiin hoggansi mana barumsaa tokko fedhii isaanii malee sababa barbaachisummaa hojiitiif iddoo dura ture irraa jijjiiruun barbaadame isaafii maatii isaanitiif dursi kennamee jijjiirraan isaanii kan raawwatamuuf ta'a.
- b) Filatamtoota waldaa abbaan manaa yookiin haati manaa barsiisaa yookiin hoggansa mana barumsaa ta'e ragaa fuudhaa heerumaa akkaata qajeelfama kana keessatti ibsameen dhiyeeffatan bakka hojiif itti filatametti jijjiirraan maatii isaanii dursa kennameefii kan raawwatamuuf ta'a.
- c) Barsiisaan yookiin hoggansi Mana Barnootaa Bultii Addaa Sadaarkaa 2ffaa abbaan manaa yookiin haati manaa isaanii barsiisaa yookiin hoggansa mana barumsaa ta'e ragaa fuudhaafi heerumaa haala qajeelfama kana keessatti



ibsameen dhiyeeffatan bakka hojiif itti ramadamanitti jijjiirraan maatii isaanii dursa kennameefi kan raawwatamuuf ta'a.

- d) Jijjiirraa barbaachisummaa hojiitiin raawwatamu keewwata kana qubee (a-c) irratti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, xalayaan deeggarsaa kan filatamtoota waldaa iddoo barsiisaan itti filatame irraa dhiyaatu ta'ee, waajjira barnootaa sadarkaa sanaan kan mirkaa'u ta'a; akkasumas kan barsiisaa mana barumsa bultii addaa dura bu'aa mana barumsa bultii addaa bakka barsiisaan keessaa barsiisuun barra'eefii daarektoreetii sagantaa mana barumsaa bultii addaatiin mirkanaa'uu qabaata.

Kutaa Shan:

Naamusa Jijjiirraa, Haala Baajataafi Sagantaa

5.1. Sababoota Jijjiirraa Haqisiisuu Danda'an

- a) Fedhii jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa guutamees ta'ee; kanneen jijjiirraa argatan sababoota armaan gadiitiin haaqamuu nidanda'a.
- 1) Ragaan gaa'ila kan Ejeensii Galmeessa Siviilii kan hintaane yoo ta'e;
 - 2) Haadha warraa lamaan jijjiirraa kan gaafatu yoo ta'e;
 - 3) Ragaa gaa'ila hojjataa mootummaa hintaane kan dhiyeesse yoo ta'e;
 - 4) Ragaan dorgommii jijjiirraaf dhiyaate soba ta'ee yoo argame;
 - 5) Qaaxaramee yookiin jijjiiramee yeroo turtii kan hinguunne yoo ta'e;
 - 6) Ragaan dhiyaate qulqullina kan hin qabneefi hin dubbifamne yoo ta'e;
 - 7) Ragaa boordii hospitaala riifaraala mootummaan ala kan dhiyeesse;
 - 8) Bu'uura Boruu malee hoggansa mana barumsaa ta'ee barsiisummaan yoo guute yookiin gosa barnootaa ittiin eebbifameen ala yoo guute;

5.2. Mirga Barsiisaan Jijjiirraa Irratti Qabu

- a) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa fedhii jijjiirraa guute tokko yeroo Mosaajiin banaa jirutti fedhii isaa kaasuu yookiin sirreeffachuu nidanda'a.
- b) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa jijjiirraa irratti komiifi eeruu yoo qabaate iddoo hojiisaa taa'ee; 'online' qofaan dhiyeessuu nidanda'a. Komii isaaf deebii argachuuf mirga qaba.
- c) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa fedhii jijjiirraa Aanaa yookiin bulchinsa magaalaa tokko keessatti manneen barnootaa sadii irratti jijjiirraa guutuu nidanda'a.



- d) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa tokko mana barumsaa jijjiirraa irratti gaafatu fageenyaa Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa keessatti qabu mosaajii irratti akka beekke guutu nitaasifama.

5.3. Dirqama Barsiisaan Jijjiirraa Irratti Qabu

- a) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa tokko fedhii jijjiirraa guutuun dura ragaa jijjiirraa ittiin guutuuf isa barbaachisu guutachuuf dirqama qaba.
- b) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa tokko mana barumsaa jijjiirraa irratti guutuu barbaadu ofii isaaf adda baasee guutachuuf dirqama qaba.
- c) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa tokko komii jijjiirraa irratti qabu dhiyeeffachuu kan danda'u yeroo komiidhaaf kaa'amee qofa keessatti ta'a.
- d) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa qabxii jijjiirraa guuttate sirriifi dhugaa ta'uusaa mirkaneeffachuu dirqama qaba.
- e) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa yeroo tokkotti sababa jijjiirraa tokko qofa irratti guutuu danda'a. Sababa jijjiirraa hinguutin irratti dorgomuu yookiin gaafachuu hin danda'u.
- f) Barsiisaan yookiin hoggansi mana barumsaa tokko jijjiirraa argatee deemuu diduu hindanda'amu; barsiisaan iddoo jijjiirraa argate hindeemne akka waaan fedhiisaan hojiirraa ofgaggeesseetti fudhatama.

5.4. Dhiheesii Bajataafi Raawwatiinsa Bajataa

- a) Aanaaleen baajata waggaaf qabame 100% keessaa 50% qaxarriif 50% jijjiirraaf qabachuun "online" mosaajiin guutanii Godinaafi BBO beeksiisuu qabu.
- b) Bulchiinsi magaalotaa baajeta waggaaf qabameef 100% jijjiirraaf kan qabatu ta'ee, kana keessaa 70% sababa jijjiirraa hundaan barsiisota tajaajila **waggaa kudha jahaafi isaa ol** qabaniituu irratti dorgomu.
- c) Baajeta waggaaf qabame 30% hafe immoo sababa jijjiirraa hundaan barsiisota tajaajila **waggaa kudha shaniifi isaa gadi** qabaniituu irratti dorgoma.
- d) Sadarkaa kamittuu baajenni jijjiirraaf qabamu fiixee mindaa ta'u qaba.

5.5. Sagantaa Jijjiirraa Barsiisotaafi Hoggansa Manneen Barnootaa

- a) Jijjiirraan barsiisotaafi hoggansa mana barumsaa waggaatti yeroo tokko ji'a Hagayyaa irraa eegalee sagantaa Biiron Barnootaa Oromiyaa baasuun kan raawwatamu ta'a.
- b) Jijjiirraan barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa baajetaan walqabata waan ta'eef; sagantaan taa'e jijjiiramuu ni danda'a.
- c) Qaxarriin barsiisota haaraa yoo jiraate Biiron Barnootaa Oromiyaa sagantaa kanaan ala jijjiirraa keessoo fi jijjiirraa waliigataa raawwachuu nidanda'a.



5.6. Yeroo Jijjiirraan Itti Raawwatamu:

- a) Waajjiirri barnootaa bulchiinsa magaalotaa yookiin Aanaalee baajeta fedhii jijjiirraa koree qindeessituun isaaniitiin mirkanaa'e sadarkaa barnootaa, gosa barnootaafi mana barnootaan adda bahe **hanga Hagayya 7** "online" guutuun gaafachuun godinaafi BBO beeksiisu.
- b) Barsiisonni yookiin hoggansi mana barnootaa fedhii jijjiirraa **Hagayya 8-12** bakkuma jiran irraa karaa 'online' guutuu danda'u.
- c) Aanaaleen yookiin bulchiinsi magaalotaa jijjiirraa guutame **Hagayya 13-15** qulqullummaa ragaa guutamee mirkaneessuun dabarsu.
- d) Jijjiirraan barsiisotaa yookiin hoggansa manneen barnootaa **Hagayya 16** nihojjatama; mosaajiin namoota jijjiirraa argatan yookiin hin arganne ragaa guutuu waliin kan beeksifamu ta'a.
- e) Komiifi eeruun jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa walqabatee jiru jijjiirraan raawwatamee guyyaa sadii (3) jiddutti yookiin **Hagayya 17-19** 'online' guutamee yeruma kana jiddutti keessummeeffamee deebiin 'oline' battalatti kan itti kennamu ta'a.
- f) **Hagayya 20** yeroo barsiisotni yookiin hoggansi mana barnootaa jijjiirraa argatan xalaayaan jijjiirraa isaan qaqqabu ta'a.
- g) **Hagayya 21-25** barsiisaa yookiin hoggansi mana barumsaa jijjiirraa argate gara iddoo ittijijjiiraman xalayaa qulqullinaa fudhatanii kan itti deeman ta'a.
- h) Barsiisotni leenjii barnootaa gannaa hordofan haaluma Yuniversiitiifi Kollejii Barnootaa Barsiisotaa irraa xalayaa qulqullinaa fudhatanii dhufaniin kan keessummeeffamu ta'a.
- i) Jijjiirraan keessoo kan raawwatamu erga jijjiirraan godinaa yookiin Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa gara godina yookiin Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa birootti raawwatame booda **Hagayya 26-qaamee 4 ta'a**.

Kutaa Jaha:

Hundeeffama Koree, Aangoofi Gahee Hojii

6.1. Hundeeffama Koree Jijjiirraa

Koreen jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa sadarkaa Naannoo, Godina, Bulchiinsa Magaalaafi Aanaalee keessatti nihundeeffamu.



6.2. Miseensota Koree Jijjiirraa Sadarkaa Naannoo

- a) Itti Aanaa Hogganaa BBO Kilaastera ICT ----- Walitti qabaa
- b) Daarekteera Sagantaa Barnootaa Sadarkaa 1^{ffaa} ---- Barreessaa
- c) Daarekteera Sagantaa Barnootaa Bu'uura Boruu ----Miseensa
- d) Daarekteera Sagantaa Barnootaa Sadarkaa 2^{ffaa}---- Miseensa
- e) Waldaa barsiisootaa naannoo irraa nama lamaa-----Miseensa

6.3. Miseensota Koree Teeknikaa Sadarkaa Naannoo

- a) Daarekteera Hoggansa Qabeenya Namaa-----Walitti qabaa
- b) Dursaa Garee ICT Barnootaa-----Barreessaa
- c) Garee Misooma Barsiisotaa Sagantaa Sad.1^{ffaa} nama 1----Miseensa
- d) Garee Misooma Barsiisotaa Sagantaa BB nama 1-----Miseensa
- e) Garee Misooma Barsiisotaa Sagantaa Sad.2^{ffaa} nama 1----Miseensa
- f) Waldaa Barsiisotaa Naannoo irraa nama 1 -----Miseensa

6.4. Gahee Hojii Koree Jijjiirraa Sadarkaa Naannoo

- a) Baajeta fedhii jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa haala qajelfamaatiin gosa barnootaafi mana barnootaatiin godinaafi bulchiinsa magaalatiin adda bahee qabamuu isaa nihordofa.
- b) Fedhiin jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa mosaajii irratti fe'amu nihordofa; yoo rakkoon jiraate fala akka argatu nitaasisa,
- c) Qajeelfama jijjiirraa barsiisotaafi ittifayyadama mosaajii jijjiirraa irratti koree jijjiirraa Godinaafi Bulchiinsa Magaalaatiif hubannoo nikenna.
- d) Barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa jijjiirraa guutan xinxaaluun kanneen jijjiirraa argatan mirkaneessuun koree teekinikaaf nidabarsa.
- e) Jijjiirraa raawwatame irratti komiifi eeruun yoo jiraate battalumaa sanitti ilaaluun tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu nitaasisa.
- f) Jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa Naannoo gara Naannoo haala waliigaltee naannoleetiin niqindeessa; niraawwata;
- g) Qajeelfama keessatti qabxiilee fooyya'uu qaban yoo jiraate adda baasee yaada murtii waliin Maanajimantii Biiroo Barnootaaf nidhiyeessa.
- h) Jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa irratti dhimmoonni qajeelfama kana hinfuramne yoo mudate fala akka argatu nitaasisa.

6.5. Gahee Hojii Koree Teeknikaa Sadarkaa Naannoo

- a) Fedhii jijjiirraa barsiisaafi hoggansa manneen barnootaa guutame sababa jijjiirraa waliin haala qajeelfamaatiin ragaan ittiin guutamee dhiyaate sirrii ta'uu isaa nimirkaneeessa,



- b) Barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa fedhii jijjiirraa guutan, godina yookiin Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa irraa jijjiiraman, ittijjiiraman gosa barnootaafi sadarkaa barnootaatiin adda nibaasa,
- c) Gabaasa jijjiirraa guutuu adda baasuun koree jijjiirraaf ni dhiyeessa,
- d) Yeroo koreen jijjiirraa mirkaneessan jijjiirraa mosaajjiidhaan niraawwatu,
- e) Barsiisota jijjiirraa argatan ergaa barreeffamaa niqaqqabsiisu.
- f) Komiifi eeruu dhiyeetuuf battalumatti mosaajjiidhaan deebii nikennu.
- g) Barsiisota jijjiirraa argatan xalayaa jijjiirraa ni qaqqabsiisu.

6.6. Miseensota Koree Jijjiirraa Aanaa, Bul.Magaalaafi Godinaa

- a) I/A/Hogganaa Waajjira Barnootaa-----Walitti qabaa
- b) Dursaa Garee Sagantaa Barnootaa Sadarkaa 1^{ffaa} ----Barreessaa
- c) Dursaa Garee Sagantaa Barnootaa Bu'uura Boruu ----Miseensa
- d) Dursaa Garee Sagantaa Barnootaa Sadarkaa 2^{ffaa}-----Miseensa
- e) Bakka Bu'aa waldaa barsiisootaa irraa nama lamaa-----Miseensa

6.7. Gahee Hojii Koree Jijjiirraa Aanaa, Bul.Magaalaafi Godinaa

- a) Fedhii baajeta jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa haala qajelfamaatiin niqabata, niqabsiisa, qabamuu isaa nimirkaneessa.
- b) Baajatni qabame mana barumsaafi gosa barnootaa hanqina barsiisaa jiruuf qabamuufi isaa nimirkaneessa,
- c) Hanqina barsiisaafi baajeta qabame irratti hundaa'uun fedhiin mana barumsaafi gosa barnootaatiin mosaajji irratti akka fe'amu nitaasisa.
- d) Barsiisotni 'username'fi 'pass word' hinqabne adda baasee karaa BBO akka kennamuuf ni beeksisu.
- e) Qajeelfama jijjiirraa irratti barsiisotaaf hubannoo nikennu.
- f) Barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa jijjiirraa guutan ragaan isaanii niqulqulleessa, sirrii ta'uu nimirkaneessa, nimaxxansu,
- g) Barsiisotaafi hoggansa mana barnootaa ragaan isaanii hanqina qabu guyya hojii sadii keessatti akka sirreeffatan nibeeksisu,
- h) Barsiisaafi hoggansa mana barnootaa dogoggora ragaa yeroo kenname keessatti hinsirreessine jijjiirraa isaanii nihaqu.
- i) Barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa ragaa jijjiirraa guutan sirrummaa isaa karaa walitti qabaa koreetiin mirkaneessuun koree jijjiirraa naannootiif nidabarsu.
- j) Barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa ragaa dogoggoraan guutan jijjiirraa isaanii haaquun tarkaanfii naamusaa irratti nifudhata.



- k) Kuufamnifi hanqinni barsiisotaa sababa jijjiirraan manneen barnootaa keessatti akka hinuumamne nito'ata, kuufamni barsiisotaa yoo jiraate koree jijjiirraa naannoo ni beeksisu.
- l) Jijjiirraa keessoof bakki duwwaan yeroo banamu kuufama barsiisotaa gosa barnootaafi baay'ina waytii qabatanii jiraniif xiyyeeffannoon adda baasuun moosaajiitti akka fe'amu nitaasisa.
- m) Komiifi eeruu sadarkaa isaanitti dhiyeetuuf deebii nikennu,

6.8. Miseensota Koree Jijjiirraa Sadarkaa Manneen Barnootaa

- a) Dura Bu'aa Mana barumsaa ----- Walitti qabaa
- b) Qindeessaa Sagantaalee barnootaa (unit leader)---Barreessaa
- c) Bakka Bu'aa Waldaa Bu'uura nama tokko-----miseensa

6.9. Gahee Hojii Koree Jijjiirraa Sadarkaa Manneen Barnootaa

- a) Hanqina barsiisaa mana barumsaa isaanii jiru sadarkaa barnootaafi gosa barnootaan adda baasuun yeroon Waajjira Barnootaa beeksisuu.
- b) Qajeelfama jijjiirraa irratti barsiisotaaf hubannoo uumuu.
- c) Ragaa jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa sababa jijjiirraa ittiinguutan waliin dhiyaatuu qabu sirrii ta'uu isaa nimirkaneeessu.
- d) Ragaa barsiisota jijjiirraaf barbaachisan kan akka tajaajilaa, raawwii hojiifi wayitii barnootaa torbeen barsiisaa ture iddoo mul'atutti nimaxxansu.
- e) Ragaan dogoggoraa yookiin shakkisiisaa ta'e yoo dhiyaate akka sirreessan nigorsu, yoo sirreessuu baatan Waajjira Barnootaa beeksisu.
- f) Barsiisota jijjiirraa argatan bakka ittijijjiiraman akka deeman nitaasisa,
- g) Barsiisota jijjiirraan gara mana barumsaa isaanii dhufan hojiitti nigaalchu.

Kutaa Torba

Hundeeffama Koree Komii Keessummeessaa

7.1. Miseensota Koreen komii keessummeessaa

- a) Koreen komii keessummeessaa kan miseensota afur of keessaa qabu sadarkaa Aanaa, Bulchiinsaa Magaalaafi Kutaa Magaalaa irratti ni hundeeffama.
- b) Ittiwaamamni koree komii Itti Gaafatamaa Waajjira Barnootaaf ta'a.
- c) Miseensotni koree komii keessummeessaa kan armaan gadii ta'au.
 - 1) Bakka bu'aa Hoggansa Qabeenya Namaa Walitti qabaa;
 - 2) Bakka Bu'aa Qondaala Naamusaa Miseensa
 - 3) Bakka buutuu Idileessa Kooriyaa Miseensa
 - 4) Bakka Bu'aa Waldaa Barsiisotaa Miseensa



7.2. Aangoofi Gahee Hojii Koree Komii Keessummeessaa

- a) Guyyaa koreen jijjiirraa ragaa jijjiirraa guutame qulqulleessu irraa eegalee iyyata komii barreeffamaan dhiyaateef niqorata;
- b) Komiin dhiyaate adeemsa hordofame, ragaa dhiyaatu yookiin deebii koree jijjiirraa irraa kennamuufi seera jiruun walbira qabuun nixinxala;
- c) Guyyaa komiin barreeffamaan dhiyaateef irraa guyyaa hojii sadii keessatti qulqulleessee yaada murtii waliin ittigaafatamaa waajjiraaf dhiyeessa,
- d) Ittigaafatamaan waajjiraa yaada murtii koree irraa dhiyaate ilaalee guyyaa hojii lama keessatti murtii kennuu qaba;

7.3. Badiiwwan IttiGaafatamummaa Hordofsiisan

- 1) Barsiisotnifi hoggansi manneen barnootaa jijjiirraan kan gaggeeffamu mosaajii qofaan ta'uu osoo beekanii sababa jijjiirraatiin hojii idilee isaanii dhiisanii Biiroo Barnootaafi Waajjira Barnootaa sadarkaan jiru irra deeman seeraan ala akka hojiirraa hafanitti ilaalamee guyyaa hojjiirraa hafan mindaan kan irraa muramu ta'ee; tarkaanfiin barsiisaa ta'e kan irratti fudhatamu ta'a.
- 2) Barsiisotni yookiin hoggansi manneen barnootaa ragaa sobaatiin jijjiiraman yookiin jijjiirraaf dhiyeessan jijjiirraan isaanii haqamee, nama ragaa isaanii mirkaneesse waliin Qajeelfama Naamusa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.22/2015 baheen kan itti gaafataman ta'u.
- 3) Badiiwwan tarkaanfii naamusaa cimaa hordofsiisan;
 - a) Hoggansi yookiin ogeessi Barnootaa gaaffii fedhii jijjiirraa sagantaa taa'e keessatti mirkaneessuun mosaajiitti hindabarsine;
 - b) Hoggansi yookiin ogeessi Barnootaa mana barnootaa hanqina barsiisaa hinqabne irratti kuufamni akka uumamuuf haala mijeessan;
 - c) Hoggansi yookiin ogeessi barnootaa qajeelfamni jijjiirraa barsiisotaafi hoggansa manneen barnootaa akka hinraawwanne; ulaagaan tumame akka cabu yookiin gufatu taasise; mosaajiin ala yookiin jijjiirraa seeraan alaa kan kennan yookiin fudhatan, barsiisota haala kanaan jijjiiraman jijjiirraan isaanii kan haaqamu ta'ee; qaama kana raawwatan irratti tarkaanfii naamusaa cimaatiin haala Qajeelfama Raawwii Ramaddii Hoggansaafi ogeeyyii Barnootaa murteessuuf bahe lakk. 26/2016 irratti ibsameen kan ittigaafataman ta'e; seeraniis kan gaataman ta'u.



7.4. Seeroota Raawwatiinsa Hinqabaanne

- a) Qajeelfamni Jijjiirraa Barsiisotaafi Hoggansa Manneen Barnootaa guyyaa 21/10/2014 Lakk.BBO/4-2G/11491/01/49, qajeelfama kanan haaqameera.
- b) Qajeelfamni yookiin barmaatiileen qajeelfama kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota qajeelfama kana keessatti ibsame irratti raawwatinsa hinqabaatu.

7.5. Yeroo Hojiirra Oolmaa Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun guyyaa mallatta'ee bahii ta'e irraa eegalee hojiirra oola.

Tolaa Bariisoo Gadaa (PHD)

Hoogganaa Biiroo Barnootaa Oromiyaa

